

سُورَةُ الْمَعَارِجِ
Suuraa Makgaarij

*Dura dursoo suuran tun {suuratulmakgaarij} je'amti

قبل كل شئ هي سورة المعارج

*Isiin suuraa makkaati

وهي سورة مكية

* Aayaanni isiidhaa afurtamii afuri {44}.

وآياتها (٤٤) آية

*Lakkooyisi isi'ii torbaatama {70}.

وترتيبها (٧٠)

*Isiin eega suuratulhgaaqqatii buute

نزلت بعد سورة الحاقة

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

*Namni gaafataan takkaa khadhataan to-

سَأَلَ سَائِلٌ

kko,azaabni Rabbirraa isatti bu'uu gaafatee, takkaa khadhatee jira, inni azaabni itti bu'uu khadhate sun, namicha tokko kan {nadrri ilma haaris} je'amu, wanni inni je'ee khadhate: yaa Rabbi yoo wanni Muhammad je'u dhugaa taate, dhagaa sami'ii nutti roobsii, takkaa buusii, nu fixi je'eeti khadhate,

1}Azaaba warra kafaretti bu'uudhaa taa'u, akka Rabbiin daddafee ammuma isatti bu-usu kadhate.

بِعَذَابٍ وَاقِعٍ لِّلْكَافِرِينَ

2}*Kan namni azaaba kuffaaratti bu'usan, isaanirraa deebisu hin jirre.

لَيْسَ لَهُ دَافِعٌ

3}*Azaaba Rabbii samii uumerraa isaanitti bu'u, {Makgaarij} waan wahiin rabbiin, sun samiidhaa.

مِنَ اللَّهِ ذِي الْمَعَارِجِ

*Kan karaa saniin malaaykotaaffii mataan

تَعْرُجُ الْمَلَائِكَةُ وَالرُّوحُ إِلَيْهِ

isaanii {jibriil} kan ruuhg je'amu, gara isaa lafarraa ol bayan, bakka ajajni Rabbii itti bu'u, kan achirraa gam lafaa gad bu'u gayu'uu jecha, sun sami'ii, duuba Rabbii samii malaaykan galto, kuphaa isaa uumerraayi, azaabni kuffaaratti dhufa, takkaa bu'a,

4}*Guyyaa qiyaama'aa keessa kan dheer-

فِي يَوْمٍ كَانَ مِقْدَارُهُ خَمْسِينَ أَلْفَ سَنَةٍ

inni isaa gara orma kuffaaratiin yoo laalan, bara kum shantamitti qixxaayu waan cingiin isaanitti heddommaattuf, rabbiin gara orma mu'minaatin ,yoo laalan guyyaan qiyaama'aa gabaaba'a, tanaaf jecha namni azaabni Rabbii

.asitti itti bu'uu khadhatu sun,azaaba jabaa, guyyaa dheera'aatitu isa eeggataa hin jarjarin. Azaaba jabaa, guyyaa dheera'aatitu isa eeggataa hin jarjarin.

5} *tanaaf jecha, yaa ergamaa kiyya nama

فَأَصْبِرْ صَبْرًا حَسِيلًا ٥

azaaba nutti buusi siin je'utti hin aarinii obsi obsa gaarii bareedaa aarri keessa hin jirre obsii,waan Rabbiin kee isaan godhu'uu taa'u eegi, azaabajabaa isaan mudatan, argu'uufteessaa.

6} *Ormi kuffaaraa kan azaaba barbaadu sun,Azaabni isaan barbaadan sun,waan isaanirraa fagoo jim tayuu yaadan, takkaa seyan , waan daddafee isaanitti hin buune tayuu yaadan.

إِنَّهُمْ يَرَوْنَهُ بَعِيدًا ٦

7} *Ammoo nuti akka azaabni isaanitti bu'uudhaa taa'u sun, dhiyoo taye beyna, takkaayuu garra.

وَنَزَلَهُ قَرِيبًا ٧

8} *Guyyaan azaabni isaanitti bu'uudhaa ; taa'u ,guyyaa samiin bayxee yaatu, akka rasaasa baqetti.

يَوْمَ تَكُونُ السَّمَاءُ كَالْمُهْلِ ٨

9} *Guyyaa,gaarotiin, akka Suufa iddamee taatee laafattu, tan qilleensi fuudhee azooru taate.

وَتَكُونُ الْجِبَالُ كَالْعِهْنِ ٩

10} *Gaafas aalin aaliidhaa naate maal ta-

وَلَا يَسْأَلُ حَمِيمٌ حَمِيمًا ١٠

ate jettee hin gaafattu, firri firan gaafatu, waan namuu cinqiin isatti buute, yaa Rabbi na baasii malee, nama biraa isa irraanfachiiftef jecha, kan mataa ifii malee nama biraa hin mil'anne.

*Gaafas achitti aalin,yookaa firri wal arganiiti, walitti qabamanii, wal beekhanii, haa tayuu wal hin dubbisan,

يَبْصُرُونَهُمْ

*Gaafas kuffaarri, cinqiin itti jabaatuu keessa, wanni hawwuuf,

يَوْمَ الْمُجْرِمِ

*Odo azaaba guyyaa qiyaarna'aa sanerra if bitee,

لَوْ يَفْقَدِي مِنْ عَذَابٍ يَوْمِيَوْمٍ

11} *Ilmaan isaatin.

بَيْنِهِ ١١

* Ammallee jaartii isaatin,

وَصَحَابَتِهِ

12} * Ammallee obboleessa isaatin.

وَأَخِيهِ ١٢

13} *Ammallee lammii isaa, tan odoo if baasee .jaalatu. isa ifitti qabdu hunda kennee

وَفَصَّلَتْهُ الَّتِي تُتَوَبُّ ١٣

*Ammallee odoo namni addunya' arraa jiru hundi, kan isaa tayee mara, isaanii kennee ifbitee,

وَمَنْ فِي الْأَرْضِ جَمِيعًا

14} *Duuba waan dubbanne san hunda kennuun kan, kan najaa isa baafu, takkaa isa bittu taatee silaa ni jaalata, takkaa ni hawwaaf.

ثُمَّ يُنَجِّهِ ١٤

*Iakkii isa hin bittuu, hin hawwiniif,

كَلَّا

15} *Ibiddi kuffaaraf qophaaye sun, ibidda jabaa hamaadha.

إِنِّهَا لَظَىٰ ١٥

*Ibiddi sun irraa luqqisa, takkaa kaasa,

نَزَاعَةً

16} *Gogaa mata'aa, takkaa gogaa qaama hundaa gubee fixee, ammas hogguma san deebi'ee mayra. akka warri ibiddaa sun ,Jaalaa arguu jecha

لِلشَّوَىٰ ١٦

17} *Ibiddi sun ,nama diinaa Rabbirraa gara gale, ifitti isa yaamti. nyaatu'uu jecha, gama kiyya koottu jettee, kan hoggaa inni dhufe qabdee waadditu. ,

تَدْعُوا مَنْ أَدْبَرَ وَتَوَلَّىٰ ١٧

18} *Namni isiin akkas gootu sun, nama

وَجَمَعَ فَأَوْعَىٰ ١٨

diinirraa gara gale horii walitti qabee ,meeshaa keessa kaayee irra taa'u, kan haqa irraa hin baafne, haqa namaa tayuu, haqa Rabbii tayuu, kan horii isaa keessa jiru, hin kennine.

19} *dhagayaa, ilmi namaa haala hamaa

إِنَّ الْإِنْسَانَ خَلْقًا هَلُوعًا ١٩

qaba kan {halakg} je'arnu, {halakg} jechuun; kan qalbiin isaa gad hin teeny jechu', kan obsa hin qabne, bololaa, doyn'a, waa harkaan rabbiin tanaaf jecha irra hedduun namaa.

20} *Hoggaa wanni hamtuun isa tuyxe sabrii, takkaa obsa dhabeeti maraata, kan waan kana Rabbumaatu natti fidee, isumaatu na furaa hin yaanne.

إِذَا مَسَّهُ الشَّرُّ جَزُوعًا ﴿٢٠﴾

21} *Ammoo yoo wanni gaarin isa tuyxee horii argatee, takkaa waa barate, nama dhoowwata, haqa Rabbiiti irraa baasuu dida karaa haqaa nama barsiisuu dida, haalli ilma namaa akkasi.

وَإِذَا مَسَّهُ الْخَيْرُ مَنُوعًا ﴿٢١﴾

22} *Yoo warra Rabbitti amane taate malee, isaan akkasii mitii.

إِلَّا الْمُصَلِّينَ ﴿٢٢﴾

23} *Warri Rabbitti amane sun, warra sala-ata isaanii hin dhiifne.

الَّذِينَ هُمْ عَلَى صَلَاتِهِمْ دَائِمُونَ ﴿٢٣﴾

24} *Isaan warra horii isaanii keessa, hayn'I beekkamaan jiru, sun zaka'aa, takkaa sadaqa'aa.

وَالَّذِينَ فِي أَمْوَالِهِمْ حَقٌّ مَّعْلُومٌ ﴿٢٤﴾

*Nama waa khadhatuufii,

لِلسَّائِلِ

25} *Nama naman khadhanneef, kan namni dureessa seyee, waa hin kennineefille'ee, horii isarraa waa kennu.

وَالْمَحْرُومِ ﴿٢٥﴾

26} Ammallee isaan warra guyyaa qiyama'aa dhugo'oomsu, kan ni dhufaa yaadu, waan isa keessajiruun wajji.

وَالَّذِينَ يُصَدِّقُونَ بِيَوْمِ الدِّينِ ﴿٢٦﴾

27} *Isaan warra azaaba Rabbii isaanii sodaatu, kan isa soda'aaf waan hamtuu dhiisanii, waan gaarii dalagan.

وَالَّذِينَ هُمْ مِنْ عَذَابِ رَبِّهِمْ مُشْفِقُونَ ﴿٢٧﴾

28} *azaabni Rabbii isaanii, kan amanamuu

إِنَّ عَذَابَ رَبِّهِمْ غَيْرُ مَا مُنِنَ ﴿٢٨﴾

miti, odoo ibaadaa keessatti akkaan jabaataniille'ee, tanaaf jecha wanni barbaadamu, azaaba Rabbii sodaata'aa, Rahmata isaa kajeelu', haa tayuu hoggaa fayyaa qaban sodaan azaabaa nama injifattee, hoggaa fayyaan dhaban Rahmata Rabbii khajeelun, nama injifatu'uutu gaari'i.

29} *Ammas warri tolaan, warra bakka qaanyi'ii if eegu, takkaa bakka dhalaniin if tiysu ,kan gumnaa,takkaa zinaa hin dalayne jechu', dhalaa tayuu, dhiira tayuu

وَالَّذِينَ هُمْ يُرْوِجُهُمْ كَحِفْظُونَ ﴿٢٩﴾

*yoo jaarsaa jaartin walitti dhufuu taate malee,

إِلَّا عَلَىٰ أَرْوَاحِهِمْ

*takkaa zamana gabri jiraatuu ture gabriitii isaanitti ida'amuu yoo taate malee, jaarti'iiifii gabrittiin akka tokkoo,

أَوْ مَا مَلَكَتْ أَيْمَانُهُمْ

30} *Isaan waan sanirratti hin zigaalaman ,takkaayuu maa dalaydan je'anii isaan hin qaban, Rabbiitu waan dubbanne san karaa isaanii godhee.

فَأَتَتْهُمْ عَلَيْهِمْ مَلُومِينَ ﴿٣٠﴾

*Ammoo namni waan Rabbiin karaa, takkaa halaal isaanii godhe dhiisee, waan biraa barbaade, kan haraamitti dabree zinaa godhu

فَمِنْ أَيْمَانِي وَرَاءَ ذَلِكَ

31} *Isaan warra wasanaa baye, kan waan

فَأُولَٰئِكَ هُمُ الْعَادُونَ ﴿٣١﴾

isaanif gayu, dhiisee waan isaanif hin geenyetti tarkaanfatuu ni qixaaxaman, namni jaartii isaa dhiisee, takkaa isii gulanteeffate dhiisee, dhalaa biraa barbaadu, takkaa dhalaan dhiira ifii dhiiftee, dhiira biraa barbaaddu akkasuma dhiirti dhalaa Rabbi halaal isaaf godhe dhiiftee dhiira akka ifii barbaaddu, warra kharaa Rabbirraa bayee, qixaaxarnu'uuf taa'an.

*ammas warri tolaan.warra Amaana'aafii baallama seen an hunda.guutu.

وَالَّذِينَ هُمْ لِأَمْتِنِهِمْ وَعَهْدِهِمْ

32} *Eegu, kanneen amaanaa rabbi, kan

رَعُونَ ﴿٣٢﴾

akka salaataa faa,ammallee amaanaa namaa ,tan akka waan isaan bira kaa-yatanii faa, akkasuma baallama Rabbiif, takkaa namaaf, seenaniin guutanii dhaabbatan.

33} *Ammas warri tolaan warra raga isaanitiin dhaabbatu,kan waan arge dhoysuu dhabee, misikkirii namaa bayu ,yookaa ragaa namaa tayu.

وَالَّذِينَ هُمْ بِشَهَادَتِهِمْ قَائِمُونَ ﴿٣٣﴾

34} *Ammas isaan warra salaata isaanii, shanan ,tiyfatee,waytii,isi'ii keessatti guuttee salaatu.

وَالَّذِينَ هُمْ عَلَىٰ صَلَاتِهِمْ يُحَافِظُونَ ﴿٣٤﴾

* Jarri waan dubbanneen beekkaman kan

أُولَئِكَ

Zakaa ,takkaa ,sadaqaa baafatu.warri guyyaa qiyaama'atti amane,warri aza-aba Rabbii, sodaatu, warri, gumnumma'arraa,if, eegu, warri amaanaa ifii tiysu , kan baallama guutu, kan waan argeen rabbiin bayu, warri salaata shaman guutee salaatu, isaan warm milkaayee warm jannataatii

35}*Jannata keessatti waan fedhan hundaan ,guddifaman.

فِي جَنَّاتٍ مُّكْرَمُونَ ﴿٣٥﴾

36}*Si maalif ormi kuffaaraa hoggaa hunda gara kee laala? Kan sirraa ija gad hin qabanne?

فَالَّذِينَ كَفَرُوا قَبْلَكَ مُهْطِعِينَ ﴿٣٦﴾

*Kan mirgaa bitaa keetin, si laalan,

عَنِ الْيَمِينِ وَعَنِ الشِّمَالِ

37}*Jamaa' aa, takkaa, tuuta tuutan tuutan

عَزِينَ ﴿٣٧﴾

wanni ormi kuffaaraa sun je'u, ye`u orni mu'minaa jannata seene nuutu isaan dura jannata seena, waliin je'an qishna'aaf jecha, duuba Rabbiin isaan nirratti deebisu'uu jecha akki je'e.

38}*Si ormi kuffaaraa sun jannata qanani'i, seensifamuu kajeelanii?

أَيُّطْمَعُ كُلُّ امْرِئٍ مِّنْهُمْ أَن يُدْخَلَ جَنَّةَ نَعِيمٍ ﴿٣٨﴾

*Lakkii hin khajeelin, kajeelu'urraa haa dhaabbatanii, karaa jannatarra hin jiranii, uumamne jecha'aaf kan dalagaa jannataa hin dalayne jannata hin seenanii,

كَلَّا

39}*Nutu,waan, Isaan beekhanirraa isaan

إِنَّا خَلَقْنَاهُمْ مِّمَّا يَعْلَمُونَ ﴿٣٩﴾

uumne akkuma nama biraa waan sanirraa uumne,sun bishaan dhala'aa dhii-rarraa rabbiin, kan garaa haadhaa keessatti ilnoo tayu, duuba bi shaan sun waan fokkattuu furrii fakkaatu xuri'ii, akkamitti bishaan sane rraa dhalatuu qofaan, jannata seenuu khajeelan? Wannu jannata seenaniin .eega bishaan xurii sanirraa uumamanii, Rabbitti amananii if xahaars u'uu, akkamiin odoo amananii if hin xahaarsin bishaan xurii sanirraa uumamuu qofaan jannata seenuu khajeelan? Hin khajeelin jechu',namni jannata Rabbii fedhu, amane Rabbi haa sodaatuu, hoggaa san jannata Rabbii argataa.

*Rabbii, gara,bayaatifii, gara dhiyaa hunda uumen khakhadhee ,bakka wannu akka adu'uu, ji'aa, urji'ii faan baatee dhiitun, takkaa lixxuun khakhadhee,

فَلَا أَقْسِمُ رَبِّ الْمَشْرِقِ وَالْمَغْرِبِ

40}* Nuti orma kuffaaraa san dhabamsiifnee, takkaa deemsifnee, warra isaanirra caalu kan Rabbitti amanee, jannata seenuu haqa godhatu fiduu,yookaa uumuu dandeenya

إِنَّا لَقَدِيرُونَ ﴿٤٠﴾ عَلَىٰ أَنْ نُبَدِّلَ خَيْرًا مِّنْهُمْ

41}*Nutu waan sanirraa hin dadhabnu, wanni nu dadhabsiisu hin jiru.

وَمَا نَحْنُ بِمَسْبُوقِينَ ﴿٤١﴾

*Tanaaf jecha ati orma kuffaaraa san, itti dhiisi,

فَذَرَّهُمْ

*Haa badii isaanii kheessa dabranii taphatanii,

يَخُوضُوا وَيَلْعَبُوا

42}*Hanga guyyaa isaanii, kan isa keessatti azzabaman qunnama nitti, guyyaa Rabbiin isaanii qabe, sun guyyaa qiyaama'aatii.

حَتَّىٰ يَلْقَوا يَوْمَهُمُ الَّذِي يُوْعَدُونَ ﴿٤٢﴾ يَوْمَ

*Guyyaa,daddafanii,qabri'ii .ba yan.

يَخْرُجُونَ مِنَ الْأَجْدَاثِ سِرَاعًا

Dirree qiyaama'aa dhufu'uu jecha,

43}* Akka waan baandiraa yookaa alaabaa dhaabamte tuqu'uu,takkaa bira gayu'uu ori'anitti, hoggaa qabri'ii bayan, gara dirree qiyaama'aa,tan namni hundi itti wal gayu sanitti ori'an.

كَأَنَّهُمْ إِلَىٰ نُصُبٍ يُوفِضُونَ ﴿٤٣﴾

*kan,ijji, isaanii ,saalfattu takkaa qaanfattu waan balleessite beytii

خَشَعَةً أَبْصَرُهُمْ

*Kan xiqqeenyi isaanirraa mul'atu,

تَرْهَقُهُمْ ذِلَّةٌ

44}*Guyyaan sun, guyyaa akka kuffaarri sun.isa keessatti qixaaxamu ,isaanii qabnee ,isaan qixaan'aa, itti dhiisi.

ذَٰلِكَ الْيَوْمِ الَّذِي كَانُوا يُوعَدُونَ ﴿٤٤﴾